Hatattama: Gamoolee caccaban hinseeninaa

Maaloo gamoo caccabe kamiin iyyuu hinseeninaa.Kun baayee barbaachisaa dha. Magaalaan kun namooti akka karaa qarqara gamoolee caccaban irra hinadeemneef cufee jira ammas warri abbaa qabeenya akka eeggannoo godhaniifii hanga danda'ametti hatattamaan diigsisuu akka jalqaban waliin dalagaa jira.

Qajeelfama Gamoo keessan kan caccabe ilaalchisee

Abbaan qabeenyaa Gamoolee fi jiraattonni waayee gamoolee isaanii caccabanii ilaalchisee qajeelfama gaafataa jiru.

- Nageenyi jalqaba: Gamoo caccabee fi nageenyaaf sodaachisaa ta'e hiseeninaa
- Sarara human elektrikaa kufee ykn gaasii coccophaa jiru warra tajaajilawanneen mana keessaa dhiheessanitti (utility) gabaasa'a
- Yoo bishaanni walitti qabame jiraate ykn siistemmi elektrikaa miidhame ta'e elektriki dhaamuu isaa mirkaneeffadhaa.
- Wanta ta'e kana warra abbaa qabeenyaa fi warra insuraansiitti beeksisa'a.
- Gamoo kana warra seeraa ala seenanii fi miidhaa haala qilleenssaan dhufuu malu irraa eegaa.
- Qulqulleessuun kan waliigalaa eeyyama malee ta'uu danda'a.
- Abbaan qabeenyaa yoo barbaadan wantoota balaa fidan ittisuuf ofii isaaniin kontraata kennanii hojjechiisuu danda'u.
- Yoo badiin dabalataa akka hingeenyeef suphaa hatattamaa gochuuf ta'e malee, haala gamoo hinjijjiirinaa.
- Abbaan qabeenyaa gamoolee kan mana ariitiidhaan jigsuu barbaadan dursanii waar dhiheessaa tajaajila isaanii (utility) kan akka gaasii, elektrikaa fi bishaanii qunnamuudhaan cufamuu isaani mirkaneessuu qaban.